“Dubartiin takka abbaan manaa isii ykn mahramiin/firri dhihoo isii wajjiin yoo jiraate malee fageenya guyyaa lamaa hin imaltu

Abuu Sa’iid Al-Khudrii irraa oddeffame Rabbiin irraa haa jaalatu - Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu- waliin lola kudha lama lolee ture, - akkana jedhe: Nabiyyii irraa -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- waa afur dhaga’eera, nattis tole, isaanis akkas jedhan: “Dubartiin takka abbaan manaa isii ykn mahramiin/firri dhihoo isii wajjiin yoo jiraate malee fageenya guyyaa lamaa hin imaltu, Guyyaa lama soomuun hin hayyamamu, isaanis: Ayyaana Al-Fixrii fi Al-Adhaati, Salaata fajrii booda hanga aduun baatutti salaanni hin jiruu fi salaata asrii boodas hanga aduun dhiitutti salaanni hin jiru, Gara masjiida sadii: Masjiidal haraam, Masjiidal Aqsaa Fi masjiida koo kana malee ibaadaaf imala deemuun hin ta'u”.

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, wantoota afur irraa dhoogani: Inni tokkoffaa: dubartii takka fageenya guyyaa lamaa imaluu irraa dhoorguudha, abbaan manaa ishee ykn fira dhihoo ishee keessaa namni tokko isheen wajjiin yoo jiraate malee. fira dhihoo jechuun nama abaditti ishee fuudhuu hin dandeenyeedha, sunis akka ilma ishee, abbaa ishee, ilma obboleessaa, ilma obboleettii, abbeeraa, eessumaa fi kan kana fakkaatani. Lammaffaan: Sooma qodhaa haa ta'uu, ykn sooma sunnaa, ykn sooma kaffaaraa haa ta'uu sooma kamuu Guyyaa Iid al-Fixrii fi guyyaa Iid al-Adhaa dhoorguudha. Sadaffaan: Salaata asrii booda hanga aduun lixxutti, salaata fajrii booda hanga aduun baatutti salaata sunnaa salaatuu irraa dhorguudha. Afraffaan: Gara bakka kamittuu imaluu fi bakki sun sadarkaa qabaa fi kheyriin achitti hojjatamu dachaadha ta'a jedhanii yaaduu irraa dhoorguudha, yoo masjiidota sadan kana ta'e malee, masjiidota sadan kana malee bakka biraatti salaatuuf jecha imaluun hin danda'amu, mindaanis kan dachaa ta'u masjiidota sadan kana keessatti qofa, Masjiidal haraam, Masjiida Nabiyyii fi Masjiidal Aqsaati.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/10603